Musliima arrabsuun fisqii/safuu dhabuu dha, isan loluun ammoo kufriidha

Abdullaah bin Mas'uud irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irratti haa jiraatu- akkana jedhan: «Musliima arrabsuun fisqii/safuu dhabuu dha, isan loluun ammoo kufriidha».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu- muslimni tokko obboleessa isaa kan muslimaa arrabsuu fi jeequu irraa dhoorgan, Kunis safuu dhabuudha, jechuunis Rabbii fi Ergamaa Isaatiif -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ajajamuu irraa bahuudha, Muslimni tokko obboleessa isaa muslimaatin loluun gochoota kufrii irraayi, haa ta'u malee inni kufrii xiqqaa dha.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5333